

## Mammaaksota Oromoo Qubee “F” n Jalqaban.

- 1 Farda hidhatan machiin tolti!
- 2 Fardaa fi harree okaa itti haamu, ana qacceen dhoqqeetti gadi dhaanu jedhe qottiyyoon
- 3 Fardi badaan farda balleessa.
- 4 Fardi biraan nama gaha malee hin waraanu.
- 5 Fiigee fiigee kormi sangaa ta'a.
- 6 Fincaan lukkuu kan arge haa himuu.
- 7 Fira dura bahan malee, fafa duraa hin bahan
- 8 Firaan ni boonu malee firatti hin boonan.
- 9 Firri dhufe jadhanii dhabaa hin dhalanii
- 10 Firri wallola malee gaafa rakkoo wal irratti hin ilaalu.
- 11 Fooliin gaariin kannisa harkisa.
- 12 Foon lafa jiru allaattiin muka irraa wal lolti
- 13 Foon naaf kenneet, albee na dhorkate
- 14 Foontu fooniif rifata.
- 15 Fuula ilaali na elmadhu jette harkuun
- 16 Fuulli fi nyaanni dhoksaa hinqabu.